Gaffilee Yeroo Heddu Gaafataman

Paarkiiwwan akkamii, bakkeewwan bashannanaa kamtu banaadha?
Hanga Waxabajjii 4 tti, naannowwan hedduun bakkeewwan bashannanaa kan uummataa/mootummaa **guyyaa tajaajila akka kennuuf**banaa godhaniiru.

Biyyoota heddu kanneen Marsaa 2 kan Mootummaatti cehan keessatti **dunkaana buufachuun** iraa deebiin banamaa jira. Karoora Safe Start (Nagaan jalqabuu) kan Jay Inslee.

Naannoleen bakka paarkiwwan naannoo biyyoota Marsaa 2 keessa jiranitti bidiruuwwanii fi iddoo buufata bidiruu akka jalqabu gidhan banaadha.

Ammatti haalli bakka buufataa/dunkaana dhaabbatnii, paarkiwwanii fi bakkeewwan bashannaanaa mootummaadhan to'atamanii maal akka fakkaatu baruudhaaf:

- Washington State Parks — Haala paarkii ilaalaa
- Washington Department of Fish and Wildlife — Tarreeffama wantoota cufamanii fi dhorkaa ta'anii
- Washington State Department of Natural Resources — Baniinsa bashannanaa

Hubachiisa: Qajeelfama qondaaltota biyyattii irra kennamu irratti hundaa'uun paarkiiwwan biyyoota Marsaa 2 keessatti argaman tokko tokko dunkaana buufachuudhaadf/qubachuudhaaf hatattamaan **banamuu dhiisuu malu**. Dunkaana buusanii qubachuun irra deebiin akka banamuuf Washington State Parks hawaasa kana waliin hojjachuu fi isaan gargaaruu itti fufa.

Discover Pass na Barbaachisaa?
Eeyyee. Discover Pass bakkeewwan bashannanaa fi bishaan itti argamu kan Washington State Parks fi Department of Natural Resources (DNR) dhaan to'atamutti konkolaataa keessan dhaabudhaaf isin barbaachisa. Bakkeewwan kunneen paarkiwwan naannoo, iddoowwan bishaan itti argamu, bineensota bakkee fi naannowwan uumamaa, iddoowwan buufataa DNR, daandii bu'aa ba'iin itti baaya'atu, mallattolee kallattii fi hubachiisa agarsiisan fi lafa olka'aa DNR dhaan hoogganamu hunda of keessatti hammata. Discover Pass iddoo paarkiwwan naannotti daawwannaa guyyaa qofaaf ni barbaadama.

Akkasumas Discover Pass bakkeewwan Washington Department of Fish and Wildlife (WDFW) dhaan to'atamanitti ni barbaachisa. Kunis kan of keessatti hammatu, naannolee bishaani fi bineensonni bakkee itti argaman Vehicle Access Pass waraqaa eeyyama adamoo yookin qurxummii qabuu seera qabeessa ta'e wajjin isinii kenname yoo qabaattan.

Bakkeewwan bashannanaa naannoo yeroo cufamaniif Discover Pass kootiif yeroon isaa naaf dheerataa yookin beenyaan isaa naaf kennamuu danda'aa?
Discover Pass irratti yeroon akka dheeratu gochuu yookin beenyaa isaa kaffaluu hin dandeenyu.

Gatiin Discover Pass waggaatti $30. Gatiin eeyyama/baajii guyyaatti $10 dha; kanaaf eeyyama/baajii waggatti daawwannaa sadiin ofiidhuma isaatiif ni kaffala.

Ji'oota 12'f yommuu hiramu, ji'aan gatiin isaa $2.50 ta'a. Bakkeewwan bashannanaa naannoo Bitootessa 23 hanga Caamsaa 5 tii turban shaniif cufamee ture.

Waktii arfaasaa kana Paarkiwwan Mootummaa galiin isaa baay'ee gadi bu'ee jira _Kufaatii Diinagdee Guddaa yeroo darbee irratti dabalataan jechuudha.

Haa ta'u malee, eeyyama keessan irraa sirriitti fayyadamoo ta'uuf ganna kanaa fi yeroo biraatifis paarkiwwan naanoo Washington fi bakka bashannanaa kan mootummaa tti yeroo heddu akka bashannantan isin gaafanna.

Bakkeewwan itti taphatan banaadhaa?
Tatamsa'ina COVID-19 hir'isuudhaaf bakkeewwan taphaa Paarkiwwan Naannoo hanga hubachiisni dabalataa kennamutti cufaadha.

Manneen fincaanii ni banamuu?
Eeyyee. Paarkiwwan banaa ta'an keessatti, naannowwan manneen fincaanii guyyaa tajaajila kennanii fi iddoowwan itti dunkaana buufatan banaa ta'anitti manneen fincaanii ni jiraatu. Bakkeewwanii fi iddoowwan buufata dunkaanii cufaa ta'anitti manneen fincaanii cufamuu malu.

Qophaa'aa. Maaloo, meeshaalee of-eeggaannoof gargaaran, bishaan, saamunaa, saanitaayizarii harkaa fi sooftii mana fincaanii kan ofii keessanii fidadhaa koottaa, akkasumas waanta fiddan kamiyyuu fuutanii deemuu qabdu.

Akkuma giddu galaawwan daawwattoota fi gamoowwan paarkii, biiroleen paarkiwwanii ammayyuu hawaasaf banaa hin taane.

Iddoowwan buufata bidiruu, mooreejiiwwanii fi bu'uuraaleen paarkii galaanaa/bishaanii banaadhaa?
Bidiruu dhaabuun eeyyamamaadha, akkasumas paarkiwwan banaa ta'an keessatti mooreejiin banaadha. Namoonni buufata bidiruu itti dhaaban fayyadaman namoota miseensa maatii isaanii hin taane waliin walirraa fageenya qaamaa taasisuu qabu.

Manneen fincaanii paarkii bishaanii/galaamaa kan mootummaa haalota murtaa'oo irratti hundaa'uun ni banamu. Maaloo, waan itti fayyadamtan balfa isaa fuudhaa deemaa akkasumas oddoolota irratti bishaan dhugamu jira jettanii hin yaadinaa.

Bidiruu dhaabuun ni to'atamaa? Bidiruuwwan bashannanaa qarqara galaanatti dhaabudhaaf hoo?
Bidiruu dhaabuun akkuma COVID-19 osoo hin cufamin duraa ni to'atama. To'annaan adda ta'e hin jiru.

Bakkeewwan balfa dhangala'aa itti gatan banaadhaa akkasumas hojjataa jiruu?
Bakkeewwan dhangala'aa itti gatan muraasni kan paarkii naannoo keessatti argaman banaadha.

Washington keessatti bakkeewwan balfa dhangala'aa itti gatan kan argaman iddoo buufata bidiruu kan uummataa/mootummaa yookin kan nama dhuunfatti. Namoonni bidiruudhaan deeman iddoon buufata bidiruu banaa ta'uu isaanii fi bakki balfa dhangala'aa itti gatan hojjachuufi dhiisuu addaan baasuu qabu. Bakkeewwan balfa dhangala'aa itti gatan kan Washington eessatti akka argamu baruuf parks.state.wa.us/657/Pumpout ilaalaa.

Paarkiin guyyaa qofaaf banaa yoo ta'e, paarkichi sa'aatii kamitti cufama?
Paarkiiwwan tajaajila guyyaa kennan galgala cufamu.

Halkan guutuu turuudhaaf yookiin achi buufachuudhaaf kanan kaffalee ture qarshiin isaa guutummaatti naaf deebi'aa?
Ta'uus dhiisus danda'a…

- **Dawwaattoonni halkanii sababa cufaa ta'een miidhaman:** Dawwaattoota halkan guutuu turuudhaaf galmaa'anii turanii fi sababa cufaa ta'eef miidhamaniif kaffaltii isaanii guutummaatti deebisuufidhaaf isaan qunnamaa jirra.
- **Daawwattoonni paarkiiwwan banaa ta'an keessa buufachuudhaaf turan** guutummaatti kaffaltiin isaanii kan halkanii ni deebi'aaf, kaffaltiiwwan daldalaa lama kan hin deebine xiqqoo (kaffaltii galmee/iddoo qabachuu $8 hanga $10 fi kaffaltii galmicha haquu $8 hanga 10). Kaffaltiin iddoo qabachuu oonlaayinii yoo ta'e $8 dha; bilbilaan yoo ta'e $10 dha.

Waa'ee dunkaana dhaabuuf/buufachuudhaaf amma galma''uu keessanii gaaffii yoo qabaattan, maaloo (888) CAMPOUT yookiin (888) 226-7688 tti bilbilaa.

Paarkii yeroo ammaa keessa buufachuudhaaf cufaa ta'e biraa kanaan dura galmaa'ee/iddoo qabadhee yoon jiraadhe hoo? Iddoo qabachuun/galmeen koo yoo haqame yooman bara?
Haala jijijjiiramaa kana waliin yeroo waldhaansoo qabnutti obsuu keessaniif isin galateeffanna. Karoorri bashannanaa keessan barbaachisaa ta'uu isaa ni beekna; ganna kana bakka filannoo keessanii kan ta'e paarkii naannoo Washington dhuftanii akka bashannantan abdii qabna.

Sababa sanaaf, guyyaa isin itti qabattan sanatti paarkichi hin banamu jennee hanga hanga amannutti galmee galmee keessan hin haqnu. Kanaaf, karoora turtii keessanii dursee hanga guyyoota muraasatti deebii nurraa ragchuu dhiisuu dandeessu.

Galmee keessan kan paarkii keessa buufachuudhaaf cufaa ture haquu yoo barbaanne iimeelii dhaan isin qunnamna. Sana booda, maallaqa keessan guutummaatti isiniif deebi'u ni fudhattu.

Waa'ee galmee/iddoo qabachuu keessanii gaaffii adda ta'e yoo qabaattan, maaloo garee keenya kana irratti hojjattu 888-CAMPOUT (888-226-7688) irratti bilbiluun qunnamaa.

Bakkeewwan bashannanaa naannoo namni yoo itti baay'atee ni cufamuu?
Yeroo bakkeewwan bashannanaa kanneen bannu, namoonni walirraa fageenya hawaasummaa akka taasisan ni gaafanna. Namoonni walitti heddummachuu isaanii yookin walirraa fageenya hawaasummaa eegaa akka hin jirre yoo argine, paarkiwwan yookin bakkeewwan paarkota keessatti argaman cufuu ni dandeenya.

COVID-19 waliin wal-qabatee dhimmi nageenyaa yoo ka'e, Washington Departments of Fish and Wildlife (WDFW) fi Natural Resources (DNR) fi paarkiwwan naannoo fayyaa fi nageenya hawaasaa eeguf jecha hubachiisa muraasa waliin bakkeewwan cufuu malu.

Dhimmoota namni walitti heddummachuu, balfaa fi dhimmoota biroo bineensota bakkee yookin bidiruu oofuu ttin wal-qabate WDFW tti akkamittan gabaasuu danda'a?
Namoonni dhimmoota garaa garaa marsariitii Washington Department of Fish and Wildlife irratti gabaasii ni danda'u.

Paarkii naannoo kootti argamu kunuunsuu fi eeguu irratti fedhii kootiin hirmaachuu nan danda'aa?
Ammatti hin danda'amu. Namoota keenya fedhii isaanitiin hojjatan hojii cimaa hojjachuu irratti yeroo isaanii aarsaa godhaniif isaan galateeffanna. Haa ta'u garuu, hanga hubachiisni dabalataa kennamutti hojiin tola ooltummaa kamiyyuu hin gaggeeffamu. Paarkiin Naannoo achi keessaa buufachuu/dunkaana dhaabuu keessummeessu fi hojiiwwan tola ooltummaa kanneen biro ganna kana booda jalqabuudhaaf hojjachaa jira. Waan haaraa baruuf yookin iimeelii dhaan yookin (360) 902-8583 tti bilbiluudhaan Volunteer Program qunnamaa.

Goddoowwanii fi manneen mukaa yoom banamu?
e Goddoowwan, manneen mukaa fi dahoon mana muka irraa hojjatamee hanga Waxabajjii 30 tti namoota haaraa galmaa'aniif cufaa ta'ee itti fufa. Godoowwan Waxabajjii keessa banamuu danda'aniif, galmeewwan duraan turan akkuma jiranitti itti fufu.

Iddoowwan gareedhaan keessa buufatan banaadhaa?
Hanga beeksisni dabalataa hin jirretti, waliin ta'anii buufachuun/quphachuun cufaadha.

Manneen bashannanaa ban
Hanga hubachiisni dabalataa kennamutti manneen bashannanaa cufaadha.